Oromo | Afaan Oromoo

Adoolessa/Hagayya 2026

homes victoria

BIG HOUSING BUILD

# Flemington

Odeeffannoo haaraa Hawaasaaf



## Paarkii Murnalung haaraa keessatti sagantaa qorra gannaa ho'isuu

Koottaa sochiilee maatii fi hiriyootaaf mijatan kanatti gammadaa. Bal'ina sagantaa ayyaanichaa fuula 4.

## Flemington hojii dibaa qalamaa fi paarkiitiin miidhagsuu

Hojiiwwan gidaaraa fi paarkii keessoo haaraa misooma Holaand Koorti irratti jalqabamaa jiru.

## Sagantaan jiraattotaaf odeessa kennuu itti fufeera

Sagantaaleen as dhihoo kanaa jiraattotaan akka gaariitti simataman. Akka itti fufan ni goona, odeessaaf haaraaf gabatee beeksisaa mana keessaa hordofaa.

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.



## Sirna baniinsaa Paarkii Murnalung kabajna

**Paarkii haaraa Murnalung kan onnee Flemington precinct keessatti argamu keessatti wanti namni hundi itti gammadu jira.**

Paarkichi maqaa 'Murnalung' kan moggaafame abbootii Wurunjarii Woyii Wuruungiin yoo ta'u, hiikni isaas 'kanniisa' jechuudha. Kunis hojii gaagura tolchuu ti.

Iddoon taphaafi naannoo tapha uumamaa daa'immaniif akkasumas bakki bashannana margaa qabu ni jira. Meeshaaleen sochii qaamaa alaa, daandii biskileetii fi miilaan deemuu fi bakki taa'umsaa ni jira.

Ho'isiin Paarkii Gannaa kun karaa ittiin haaromsa gochuun hawaasa naannoo Flemington precinct obsaa fi hubannoo nuu kennaniif galateeffannuu dha.

Sagantaa kana irratti bal'inaan kan torban dhufan keessatti poostaroota naannoo precinct fi marsariitii keenya irratti qoodnu hordoffiin eegaa.

### Sagantaa keenya ho'isii Paarkii Ganna kan mana barnootaa boodaa koottaa hirmaadhaa

**Kamisa, Hagayya 6 saáatii 3:30-5:30 waaree boodaa**




- Nyaata ho'aa fi dhugaatii
- Tapha joollee fi bashannana

## Wal-quba qabeenya qabaachuu

- Sagantaalee odeeffannoo
- Dubdeebii Gorsaa
- Odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/flemington-precinct



qorqora hawaasotaa kan Homes Victoria irratti nu hordofaa


Mootummaa Viktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria irraa kan hayyamamee fi maxxanfame, Hooms Viktooriyaa, Adoolessa 2026. (HV020726). Finsbury Green, Melboorn Viktooriyaa, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

# Flemington keessatti maaltu tahaa jira

Adoolessa/Hagayya 2026




## Yeroo ijaarsi taasisamaa jiru keessa naannoo kee keessa nagaan jiraachu

Nageenyaaf eeggannoo gochuuf jecha, waca sagalee, owwaara fi waan urgufamu ni to'anna.

**Naannoo keessa deddeemuu**

- Osoo hojiin hin eegalin dalasaan (fence) ni tolchama
- Konkolaataa gudguddaan yoom akka dhufuu fi eessa akka dhaabbatu sitti himna
- Nageenyaan naannicha keessa deddeemuuf jijjiirama karaa miilaa yokin karaa irratti tahe hordofi
- Warreen konkolaataa to'atan yeroo isaan achi jiran si gargaaru waan taheef qajeelfama isaan sitti himan hordofi

**Waanneen dhimma itti baatu eeggannoodhaan qabuu**

- Wannee faalma qaban (hazardous materials) yeroo qulqulleessan yeroo hunda eeggannoo cimaatu taasisama
- Naannoo faalami (hazardous) jiru irraa si dhorkuuf yero hunda mallattoon naannicha ni kaayyama
- Namooti hojjetan uffatan ittisaa (protective clothing) uffatan arguu malta

**Karaa irra dabran tolchuu**

- Karaan tajaajil yeroo balaa (emergency services) yeroo hunda qophaawaa dha
- Bakka konkolaataa dhaaban mijjataan, bakka konkolaataan namoota dhibama qaamaa qaban dabalee yeroo hunda ni jira
- Karaa miilaa fi karaa irra ibsaan yeroo hunda ni jira.

Hojiin keenya yeroo sa'aa hojii kan Gumii naannootiin (Council) gaggeeffama.

| Wixataa hanga Jimaataatti | Sanbat-duraa (Saturday) |
|---|---|
| Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti | ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3 |

Yeroo tokko tokko sa'aa ibsameen ala hojjechuuf hayyama gumii naannoo (council) barbaaduu mala, garuu yoo akkas tahe hawaasa ni beeksisna.

Hojiin hojjetamu hundi sadarkaa nageenya qabeessa ol aana tahe kan qabuu fi waan seerri gaafatu kan guutu taha.

**Odeessa haaraa dhimma hojiirratti gabatee beeksisaa mana keessaa hordofaa.**

Jiraatoti odeeffannoo dabalaa barbaadan waajjira manneenii naannoo isaanii qunnamuuf:

1300 360 462

ascotvale.housing@dffh.vic.gov.au

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**